FIDAAKA YAA RASUULALLAH

BY - ABDUSSALAM IDRIIS

FIDAAKA YAA RASUULALLAH

- Dhiignikoo dhangala'ee
- Haa caccaabu lafeenkoo
- Yaa ergamaa rabbi
- Siif haa baatu lubbuunkoo
-
- Siif haa wareegaman
- Haatiifi abbaan koo
- Sirra naaf hin caalu
- Anaaf wanti tokko
-
- At anaaf waan hunda
- Foormulaa jirenyakoo
- Duwwaadha yoomiyyuu
- Si malee jiruunkoo
- Situ natti agarsiisee
- Na akeeke daandii koo

- Habiibii jaalallee
- Leenca ija kuulaa
- Ani siif haa du'u
- Fidaaka yaa rasuulaa
-
- Yaa nabiyyicha koo
- Ergamaa aalamaa
- Waa'eekee yoon yaadu
- Garaan na raafama
-
- Wallaalaan waa hin beekne
- Maqaa kee yoo kaasu
- Wanta siin hin malle
- Yeroonni odeessu
- Gurrukoo dhagahuu
- Tasuma hin dandeessu

- Ani dhaga'uurra
- Taa'ee qeeqa kankee
- Du'ee baduu wayya
- An ta'ee fiidaakee
-
- Situ ifatti nubaase
- Ibsee dukkana keessaa
- Otuu at hin jirre
- Jireenyi hiika malessa
-
- Yartuun waan feete jettus
- Sirraa hin hir'atu
- Jaalalaaf kabajni
- Faaruun ati qabdu

- Kaleessaa fi hadhas
- Ati nuuf fakkeenya
- Boris karaa kee qofaan
- Bakka yaanne geenya
-
- Namni hamtuun si kaase
- Takkaa yoom milkaa'e
- Rakkatee dhama'ee
- Akka hin taane ta'e
-
- Kan hadhallee kaasu
- Maqaakee hamaani
- Hinuma argatu
- Turus gatii isaanii

- Hin beekaniif malee
- Silaa sin qeeqani
- Sammuu haqa feetuun
- Osoo waa yaadanii

- ***For comment - 0905550014***